ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT **جبهة تحرير اوروموـ**

Gaafa: 21/01/2017
Date: تاريخ

Lakk.:02/stm/abo/2017
No.: رقم

Ummatoota wal dura Dhaabuun Umrii Mootummaa Wayyaanee Caalatti Gabaabsaa

(Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo)

Impaayerri Itophiyaa fedhii ummatootaan alatti humnaan ijaaramte. Rakkoo siyaasaa humnaan ijaaramuun uumames ummatoota humnaan koloneeffataman mirga dhablee taasisee hiree isaanii irratti murteessummaa dhorkate. Dantaa bittootaa qofa guutuuf sirnootni diriirfamanis dimokraasiif farra tahanii hacuuccaa fi saaminsa dagaagsan. Ummatoota hiyyummaa, deegaa fi beelaaf saaxilan. Rakkoon siyaasaa baroota dheeraaf jiraate guddinaa fi badhaadhinatti gufuu tahee jireenya ummatootaa hadheesse. Dhibdee impaayera kana hudhee qabee jiru kanaaf furmaata itti soquun fedhii mootummoota humnaan aangootti dhufanii waan hin taaneefis rakkoon furmaata dhabe kun Impaayerattii gaadi'ee qabuu irraa Itophiyaa biyya itti qaanfatan taasise. Itophiyaan bara H/Sillaasee beelaan beekamte bara Dargiis biyya beelaa tahuun beekamti. Mootummaa Fashistii Wayyaanee/TPLF jalattis maqaan Addunyaa irratti ittiin beekamtu kun irraa hin haqamne. Impaayera miliyoonotni beelaan keessatti dararaman, dhoortoon lubbuu turfatan akka taatetti jirti. Mootummaan Wayyaanee kadhaa akka mirgaa fi abshaalummaatti malee akka qaaniitti hin ilaalu. Qabeenya maqaa beelaan argamuun umrii bittaa dheereffatuu fi ummatoota beelessanii jilbeenfachiisuun tooftaa bittaa isaa ittiin dheereffatu waan taheef yoomiyyuu taanaan beellii Impaayera kana keessaa ni dhabamaan hin yaadamu.

Beelaa fi hiyyummaatti dabalee qabeenyi Impaayera Itophiyaa hundi aangaawota Wayyaanee/ TPLFiin dhuunfatamuun ummatoota hunda fincilsiisaa jira. Olaantummaa murna bicuu tiksuuf loogummaan adeemsifamu ummatoota cunqurfamoo hunda "Haa gahu!" jedhanii akka mirga isaaniif falman taasisuu irratti argama. Addatti ammoo ummatni Oromoo gaaffii abbaa biyyummaa fi dimokraasii kaasuudhaan falmaan adeemsisaa jiru mootummaa abbaa irree kana saaxiluutti dabalee hundee kan hin qabne tahuu isaa mirkaneessuun kufaatii isaa jarjarsuu irratti argama.

Mootummaan abbaa irree kamiyyuu hanga irree cunqurfamootaan aangoo irraa hin qaarsifamnetti bittaa isaa itti fufsiisuuf tooftaalee nu fayyadu jedhan hundatti dhimma bahu. Ummatoota walitti buusuudhaan aangoo irra of tursuuf itti gargaaraman. Doorsisa, tarkaanfii ajjeechaa fi hidhaa fudhataniin of jireessuuf tattaafatu. Olola dharaa "ani hin jiru taanaan diigaminsatu dhalata, ummatootatu wal fixa" jechuun doorsisuu fi sossobuunis mala jireenyaaf bittootni itti gargaaramani dha.

Mootummaan Fashistii Wayyaanee/TPLF haleellaa ummatootaan addatti ammoo fincila diddaa hin bitamnuu ummatni Oromoo itti fufiinsaan gaggeessaa jiruun laamsha'uun dhokataa miti. Mootummaa humna waraanaa fi tikaa, irra guddaan dhalootaan naannoo tokkoo irratti hirkatee kanneen dantaaf saboota biro keessaa jalatti hiriiraan ergatuun kan jiraataa jiru dha.

P.O. Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 110236 Email: Caalchis@gmail.com, *www.oromoliberationfront.org*

Mootummaa otontoree kufaatiin isaa kan hin hafne tahuun mirkanaawe kun, humnatti dabalee eebbaa fi arjoomina biyyoota dhihaatiin hokkolaa bittaa isaa dheereffatuuf wixxifataa jiru dha. Wixxifannaa lubbuu dheereffatuuf godhu kana keessatti ammoo ummata Oromoo diina innikkaa godhatee duula gara jabinaan guutame gosa hundaa fuula hundaan irratti banee jira. Duula bal'aa ummata Oromoo irratti adeemsifamaa jiru keessaa tokko, humna farra ummata Oromoo Somaalota keessaa maqaa "Liyyuu Poolis" jedhuun ijaaree hidhachiisuun Jeneral Abrhaa Qurateriin ajajamee ummata Oromoo lolchiifatuu dha.

Wayta ammaa kana ummatni Oromoo Baha Oromiyaa guutuu daangaa Somaleetti dhihoo jiru, Kibba Bahaa fi Kibbaa Oromiyaa lola mootummaan Wayyaanee "Liyyuu poolis" of dura oofaa jiruu fi humna Wayyaaneen gaggeeffamu of irraa faccisuu irratti argama. Mootummaan Wayyaanee humna lolchiifataa jiru kana lafa Oromoo akka qabatan duubaan dhiibuun Alaabaa Nannoo Somaalee lafa Oromoo irratti dhaabsisaa jira. Lammiileen Somaalee shira Wayyaaneen Ummatoota walitti diruudhaan umrii aangoo ofii dheereffachuuf godhu wallaaluudhaanis tahe osoo beekanii mootummaa farra Ummatootaa tahe kanaaf meeshaa tahuudhaan dachii fi eenyummaa Oromoo irratti duuluun qaanfachiisaa fi gaafatama seenaa fi seeraa jalaa kan hin isaan hin baasne tahuu hubachuu qaban.

Lolli Harargee Bahaa fi Dhihaa, gammoojjii Baalee, Booranaa fi Gujii keessatti adeemsifamaa jiru, lafa Oromoo saammatuu qofa osoo hin taane eenyummaa Oromoo irratti kan aggaammate tahuun ifaa dha. Duulli Oromummaa irratti baname kunis kan Oromoota naannoo lolli itti adeemsifamaa jiru qofa osoo hin taane Oromoota hunda ilaallatu dha. Waan taheef lammiin Oromoo hundi shira diinaa kana maseensuuf bakka jiru hundaa waliif dirmatuun diina of irraa ittisuun dirqama lammummaa tahuu beekee ka'uu qaba. Ummatni Oromoo biyyaa fi lafa isaa irratti Abbaa tahee kan nagaan jiraatuu danda'u, kanneen humnaan irratti of aangoomsan kana yoo of irraa darbatee gate qofa. Murtii kanaan dura murteeffate, "Gabrummaatti xumura gochuu qabna! jedhutti cichee fincila isaa finiinsuu qofatu furmaata waaraa fi amansiisaa argamsiisaafi. Hundaan olitti ammoo lammiileen Oromoo kanneen mootummaa kana waliin hiriiruun lubbuu mootummaa farra ummatootaa kana dheeressuuf tattaafatan gochaa diinummaa ummata isaanii irratti raawwatamaa jiru kana argaa callisuun diina biratti illee kan isaan tuffachiisu tahuu beekuu qaban. Ilmaan Oromoo waraana Wayyaanee keessatti hiriiruun diinaaf irree tahan, lola ummata isaanii irratti labsamee qe'ee, lafaa fi lubbuu dhabsiisaa jiru kana osoo dhaga'anii fi arganii tarkaanfii barbaachisu fudhatuu dhabuun isaan gaafachiisa. Har'a caasaan ABO fi Qeerroon Oromoo, Hawwanii fi Abbootiin harka qullaa wayta diina of irraa faccisaa jiranitti diinaaf qawwee baatanii waardiyyaa dhaabbatuun qaanfachiisaa dha. Kanaaf dantaa ummata keenyaaf malee alagaaf hin dhaabbannu jechuun ummata isaanii sababa diinaan dhumaatiin irra gahaa jiru cinaa akka hiriiran ABOn waamicha dabarsaaf.

Mootummaan Wayyaanee akkuma Abbootii Irree kamuu jabaa fakkaatee dhaadatuu fi ololuun lubbuu dheereffatuu hawwa. Haa tahu malee kun gonkumaa dhugoomuu hin danda'u. Humni ittiin dhaadatuu fi ummatoota ittiin doorsisu yeroof isa jireessuu taha. Haa tahu malee miidhaa abbootii, hawwanii fi obboleyyan isaanii osoo arganii hanga dhumaatti waliin hiriiru jechuu akka hin tahin hubatamuu qaba. Roorroo fi ajjeechaan daangaa dabre kan lammii isaanii irra gahu kun hidhannoo isaanii mootummichumatti akka gara galchan dirqa. Kanneen caasaa mootummaa gara garaa keessatti haammatamuun mootummaa farra ummataa tajaajilaa jiranis kanaan booda haa gahu jedhanii akka ummata isaanii cinaa hiriiran shakkiin hin jiru.

Mootummaa kana jalatti mirgi ummatootaa akka hin kabajamne beekamaa dha. Kanaaf furmaatni tokkichi jiru mootmmaa kana of irraa buusuu qofa. Kanaafis ummatni Oromoo FXG itti jiru finiinsuu qofatu furmaata hawwuu fi barbaadu argamsiisaaf. Waan taheef har'as ABOn ummatni Oromoo bakkayyuutti fincila isaa itti fufuun mootummaa Wayyaaneetti xumura akka itti tolchu waamicha isaa haaromsa. WBO bakka jiru hundatti diina ummata Oromoo irratti roorrisaa jiru haleeluun dirqama isaa akka bahatu dhaama. Qeerroon Oromoos mootummaa Wayyaanee/TPLF dhabama irraa of hambisuuf wixxifataa jiru kana irratti fincila guutuu Oromiyaa qindeessuun umrii isaa gabaabsuu keessatti qooda isaa akka bahatu ABOn qajeelcha. Ummatni Oromoo biyya ambaa jiraatus haalli ummatni keenya keessatti argamu ulfaataa tahuu hubatuun, yeroo fi qabeenya isaa dhimma dantaa Oromoo kabajsiisuu danda'u irra oolchuun madda furmaataa akka tahu ABOn yaadachiisa.

Ummatootni cunqurfamoo ollaa Oromiyaatti argamanis tahan kanneen Oromiyaa hin daangeessine, shira diinni shiruun wal dura dhaabbatuu irraa of qusatuu fi doorsisa kijibaa Wayyaaneen shakkii fi sodaa irraa walaba tahanii wal irratti osoo hin taane diina waloo irratti qabsoo isaanii akka finiinsan ABOn irra deebi'ee hubachiisa.

Bara baraan gabrummaa keessummeessaa jiraatuun as irratti raawwatuu qaba. Tokkummaan bakkayyuutti fincilli adeemsifamee fi qabsoon gaggeeffame ummatni Oromoo humna tahuu agarsiiseera. Kanaaf ammas tokkummaan ka'uun diina of irraa gugsuun mootummaa gabroomfataatti xumura haa goonu. Kanneen dantaa hin guutamneef jecha ummata Oromoo bara rakkoo isaaniif dhaqqabaa ture irratti hammeenya raawwataa jiranis adaba itti gochuun lafaa fi eenyummaa keenya haa kabajsiifannu.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Amajjii 21, 2017